

RAAJOTA KAKUU HAARAA



"Kennaawwan gosa garaa garaatu jira; Hafuurri garuu tokkuma. Tajaajila gosa garaa garaatu jira; Gooftaan garuu tokkuma. Hojii gosa garaa garaatu jira; ewaan hundumaa garuu Waaqa tokkichatu nama hundumaan hojjeta." (1 Qoron. 12:4-6)

Milkiyaasii kaasee, waggoota 400f sagaleen raajota tokko utuu saba Waaqaa gidduutti hin dhagahamin darbe. Sababa callisuu kanaa, sabni Israa'el caaffanni Qulqullaa'aan (inni walitti dhufee Kakuu Moofaa ta'e) ni cufame jedhanii fudhatan.



Haa ta'u malee, Waaqayyo yeroo baay'ee sana irra dheeratuuf hin callifne. Yeroon Isaa yeroo ga'etti, raajii haaraa erge: Yohaannis cuuphaa (Maat. 11:7-9). Yeroo sanaa ka'ee, raajonni deebi'anii mul'atan. Hojii kan biro dabalatee, itti gaafatamummaa Kakuu Haaraa barreessuu qabu turan.

Shoorri raajotaa fi raajittiiwwan kanaa maal ture? Eenyu isaan? Akkuma yeroo Kakuu Moofaa, raajonni sobduun turaniiruu?



Shoora raajotaa Kakuu Haaraa keessatti

Raajota Kakuu Haaraa:

- Yesuus, Raajii Isa raajameef
- Ergamootaa fi raajota
- Raajittiiwwan
- Hidhata hojii Phaawuloos
- Raajota sobduu

SHOORA RAAJOTAA KAKUU HAARAA KEESSATTI

"Namni raajii dubbatu garuu isaan ijaaruuf, gorsuu fi jajjabeessuuf jedhee namootatti dubbata." (1 Qoront. 14:3)

Kakuu Haaraa keessatti, raajiin akka kennaa Hafuura Qulqulluutti dhihaate, innis baay'inaan kenname (Room. 12:6). Waldaa tokko keessa raajonni baay'een jiraachuu ni danda'u, kanaaf dabareedhaan dubbachuu qabu (1 Qor. 14:29-31).

Raajonni kun ga'ee maaliifaa taphatan? (Mul. 19:10; 1:1; Efee. 4:11-12; 1 Qor. 14:3; H.Erg. 15:32).

Ergamni isaa olaanaan saba gara Yesuusitti qajeelchuu dha

Yesuusiif dhugaa ba'uu



Taatee hamma har'aatti iyyuu turu mul'isaniiru


Waan fuulduratti ta'uu dubbachuu



Waldaa jabaa aggaammii diinaa jala dhaabachuu danda'u ijaaruu

Ijaaruu





Sabni akka qalbii jijjiirratuuf, cubbuu himuu

Mul'isuu



Yihudaa fi Siilaas kallattiidhaan hojii kanaaf gara waldootaatti ergaman

Jajjabeessuu













RAAJOTA KAKUU HAARAA

YESUUS, RAAJII ISA RAAJAMEEF

"Waaqayyo Waaqni kee obboloota kee keessaa raajii akka kootii tokko siif kaasa. Atis Isa dhaga'uu qabda." (K.Deebii 18:15)




Raajota bara Isaa keessa turaniin, Yesuus akka raajiitti ilaalama ture(Maat. 21:11; Maar. 6:15; Luq. 7:16; Yoh.. 6:14).

Inni iyyuu Raajii akka ta'e dubbateera (Maar. 6:4; Luq. 13:33).

Yesuus Raajii/Masihii akka ta'e Musee fi raajota biroodhaan akka dubbatame Pheexiroos ibseera (K.Deeb. 18:15; H.Erg 3:18-26).

Garuu Yesuus Sagalee Waaqaa hin barreessine, Isumatu SAGALEE dha (Yoh. 1:1).





Inni "ifuma bakka dukkanaatti ibsu qofa miti" akka raajota warra biro, Inni IFICHA (2 Pheex. 1:19; Yoh. 1:9; 8:12).

Hojiin Isaa raajota kam irra iyyuu ni caala. Yesuus qofaatu jiraachuu, du'uu fi du'aa ka'uu Isaatiin jireenya bara baraa hunda keenyaaf kenna.



ERGAMOOTAA FI RAAJOTA

"iccitiin kunis akka amma Hafuuraan ergamootaa fi raajota qulqulloota Waaqaatti mul'ifametti dhaloota kaanitti hin beeksifamne." (Efees. 3:5)

Ergamoonnii fi raajonni Kakuu Haaraa amala qixxeetti qaban qabu:

- **Isaan namoota Waaqayyo erge turan (Luq.11:49)**
- **Waldaa geggeessuudhaaf kennaa fudhatu (1 Qor. 12:28-29; Efe. 4:11-12)**
- **Isaan bu'uura waldaa ti (Efee. 2:20)**
- **Mul'ata argatu (Efee. 3:5)**
- **Qajeelummaatti gammadu (Mul. 18:20)**

Yeroo walfaana heeraman, ergamootatu raajota dursa (Luq. 11:49 irratti irraan kan hafe). Pheexiroos ergamootaa fi raajota durii wal qixxeessa (2 Phex. 3:2).

Ergamoonni, addumaan du'aa ka'uu Yesuusiif dhuga baatota akka taa'aniif ergaman (H.Erg. 10:40-41).






Kakuu Haaraan raajota baay'ee heera, muraasa maqaa dhaha: Barnabas (ergamaa), Simoon, Lucius, Manaen, Saa'ol (ergamaa), Yihudaa, Siilaas, fi Agabos (H.Erg. 11:27; 13:1; 15:32; 19:6-7; 21:10).



RAAJITTIIWWAN

"[Filiphoos hojjetaan wangeelaa] ijoollee durbaa kenneen hin heerumin afur qaba ture; isaanis raajii dubbatu turan"
(H. Erg. 21:9)



Raajittiin Kakuu Haaraa keessatti maqaa dhahamte Haannaa qofa dha, isheen immoo ishee "isaanitti dhihaaee Waaqaaf galata galchite; warra furama Yerusaalem eeggachaa turan hundattis waa'ee daa'ima (Yesuus) sanaa odeessite" dha (Luq. 2:36-38).



Ijoolleen Filiphoos hojjetaa wangeelaa sanaa afuranis kennaa raajii qabu turan (H.Erg. 21 :8-9).

Dabalataan, raajummaan akka kennaa saala lamaaniif kennamuutti heerame (1 Qor. 11:4-5).





Iyyoo'el dursee Hafuurri Qulqulluun dhiirota, durboota, jaarsolii, dargaggoota, maanguddoota, hojjetoota dhiiraa fi dubartiif kennaa raajii akka kennu dubbate (Iyyo. 2:28-29).


HIDHATA HOJII PHAAWULOOS

"Yaa ilma koo Ximotewos, akkuma raajii Kanaan dura waa'ee kee dubbatame sanaatti, akka ati lola gaarii loltuuf ani ajaja kana siifin kenna." (1 Ximoot. 1:18)



Ergamoota, raajotaa fi raajittiiwwanitti dabalatee, gargaartonni Phaawuloos kan akka Siilaasii fi Baarnaabaas kennaa raajii akka qaban heerameera:

XIMOOTEWOS



Gara tajaajilaatti waamamuun isaa raajiidhaan dubbatameera (1 Xim. 1:18). Phaawuloosii wajjin ergaawwan akka: 2 Qorontoos (2 Qor. 1:1); Filiphisiyus (Filip. 1:1); Qolosaayis (Col. 1:1); 1 Tasalooniqee (1 Tasal. 1:1); 2 Tasalooniqee (2 Tasal. 1:1); fi Filimoonaa (Filim. 1:1).

TIITOOS



Hojiiwwan raajii kan akka ijaaruu (2 Qor. 8:6); mul'isuu (Titos 2:6, 9, 15); fi jajjabeessuu (2 Qor. 7:13) agarsiiseera



RAAJOTA SOBDUU

"Yaa michootaa, hafuuronni kan Waaqaa ta'uu fi ta'uu baachuu isaanii ilaaluuf qoradhaa malee hafuurota hunda hin amaninaa; raajonni sobduun hedduun addunyaa seenaniiru." (1 Yohaan. 4:1)




Raajonni sobduun, warri Yesuus "yeeyyii butatan" (Maat. 24:24; 7:15) jedhee waame akka kaa'an akeekkachiise. Raajonni sobduun kun waldaama jalqabaa keessatti illee ka'uu jalqabanii turan (1 Yoh. 4:1).

Phaawuloos jaarsolii waldaa Efeesooniin waa'ee "yeeyyii butatan" isaan gidduudhaan ka'uuf deeman kanaa akeekkachiisee ture (H.Erg. 20:29). Warra Qorontoosiin immoo waa'ee jiraachuu "ergamoota sobuu" (2 Qor. 11:13) akeekkachiisee ture.



Raajii dhugaan Sagalee Waaqaa wajjin hidhata, Kiristoosiin agarsiisa, waldaa ijaara, raajonni sobduun immoo barsiisa addaan qoodu babal'isu, fedhii dhuunfaa irratti xiyyeeffatu.

Nuti amantootni raajota akka qorru, ergaan isaanii hundinuu Macaafa Qulqulluu wajjin deemuu isaa akka ilaalluu fi Kiristoosiin giddu galeessa godhachuu isa akka sakattaanuuf waamichi nuuf godhama.




Raajota sobduu (fi humnoota hamminaa isaan geggeessan) irratti humni ittisaa keenya tokkichi meeshaa waraanaa Waaqayyo nuuf kenne hidhachuu qofaa dha (Efees. 6:10-18).

“Abbootni, raajonnii fi ergamoonni, akka Hafuurri Qulqulluun isaan geggeessetti dubbataniiru, human ofii isaaniitiin ykn maqaa ofii isaaniitiin akka hin taane immoo ifaadhumatti dubbataniiru. Namni tokko illee akka gatii isaaniif hin baafne hawwaniiru, namni tokko illee akka waan tajaajilli isaanii sun isaan biraa madduutti akka isaan ilaalee galata isaaniif kennus hin tasa hin barbaanne. Ulfina Waaqaa, Isa jajamuun hundinuu maluufiif ni hinaafu turan. Dandeettii fi ergaa isaan fidanii dhufan bakka bu’iinsa human Waaqayyo biraa fudhatanii akka ta’e dubbataniiru. Waaqayyo aboo fi ga’umsa isaanii ture.”

EGW (To Be Like Jesus, July 30)

DABALATA: QAJEELFAMOOTA BU'UURAA TAJAAJILA ELLEN G WHITE

Tajaajilli Ellen G. White xiyyeeffannoo bu'uuraa lama qaba ture:saba gara Yesuusitti fiduu fi xiyyeeffannoo isaanii gara Macaafa Qulqulluutti deebisuu ture.



HANDHUURA JALQABAA: YESUUS

Walga'ii 1888 booda, mata duree irratti mari'atame yeroo gaafatamtu, "Waggoota 45nan darbaniif harkisa Kiristoos isa fakkaattii hin qabne isiniif dhiheessaa tureera" jettee deebifte. (Sermons and Talks, vol. 1, p. 116).





HANDHUURA LAMMATAA: MACAAFA QULQULLUU

Ellen takkaa barreeffamoonni ishee Macaafa Qulqulluu oli dha jettee hin beektu, yeroo hundumaa Macaafa Qulqulluutiin qoramu jetti malee. Akka ergamtuu Gooftaatti, ofii ishee "ifa xiqqaa" saba gara "ifa guddaa" isa ta'e Macaafa Qulqulluutti qajeelchuutti of lakkoofti. (Selected Messages, vol. 3, p. 29).

